

DHAAMSA WARRAA FI GUDDISTOOTAAF

Dhaamsa warraa fi guddistoota naannoo magaalaa Melbourne fi Mitchell Shire keessa jiraataniif

Kabajamoo warraa fi guddistootaa,

Akkuma quba qabdan qophii Banama Mana Barmootaa 3fa (Term 3) Victoria keessaa ilaalchisee Mootummaan Victoria labsii barbaachisaa tokko tokko kennee jira.

Gorsa Qondaala Ol-aanaa Fayyaa Viktoriyanotaa (Victorian Chief Health Officer) irratti hundaawee, manneen barmootaa Mootummaa Victoria naannoo magaalaa Melbourne fi Mitchell Shire keessa jiran Torban 1fa Banama Mana Barmootaa 3fa (Term 3) kessaa akka kanaa gaditti ibsamee jirutti akka addaatti kan itti qopha'an ni qaban. Torban 2fa (Week 2) irraa eegalee bartootni Eegala mana barmootaa (Prep) irraa hanga Kutaa 10 baratan mana taa'anii barachuu jalqabu.

Gorsi Qondaala Ol-aanaa Fayyaa Victoria (Victorian Chief Health Officer) irraa kenname manni barmootaa itti fufuu akka dana'u beeksisuu isaa beekuun barbaachisaa dha. Qondaalli Ol-aanaa Fayyaa Victoria (Victorian Chief Health Officer) hojjetotni fi bartootni eeggannoo fayyaa taasisuu qaban kan akeeke nutis ni hordofna.

Haalli amma akkasitti qindeessame kun lakkoofsa bartootaa hir'isuu – kan warraa fi guddistootaa naannoo magaalaa Melbourne fi Mitchell Shire keessa jiraniis dabalee akka itti dadabraa dhibee coronavirus (COVID-19) hir'isuuf.

Akkasumas, barmootani fuulaa-fi-fuulaatti wal arganii barachuu bartoota muraasaaf mijjeffamuu isaa beekuun barbaachisaa dha. Kunis bartoota Kutaa 11 fi 12 (bartoota Kutaa 10 kan VCE yookaan VCAL baratan) dha. Sababni kun qindeessameefis bartootni barmoota isaanii sadarkaa lammaffaa akka xumuratan isaan dandeessisuuf barbaachisaa tahuu irraa ti.

Bartootni mana barmoota addaa (specialist school) barsiisota isaanii ogummaa qaban fi hojjetoota isaan gargaaran fuulaa-fi-fuulaan wal arguu danda'u. Akkasumas, warraa fi guddistoota maatiin isaanii mana taa'anii barachuu hin dandeenye, fi kanneen biro gargaarsa mana barmootaa irraa barbaadan gargaaruu nu barbaachisa.

Caalaatti mirkaneeffachuuf, manni marmootaa keenya, manneen barmootaa kan biroo naannoo magaalaa Melbourne fi Mitchell Shire keessa jiran waliin, yeroo manni barmootaa eegalu ganama yeroo hunda ho'a qaamaa bartoota hundaa ni ilaalla. Yoo mucaan kee ho'ina qaamaa qabaate akka mana barmootaa irraa dhuftee fudhtu gaafatamta.

Bifni haaraan qindeessame akka kanaa gadii kanatti jira.

Wixata (Monday) 13 hanga Jimaata (Friday) 17 Adoolessa (July)

Bartootni Kutaa 11 fi 12, bartootni Kutaa 10 VCE yookaan VCAL fudhatanii fi bartootni mana barmootaa addaa keessatti galmeessaman, Wixata (Monday) Adoolessa (July) 13 gara mana barmootaatti deebi'u.

Wixata (Monday) 13 hanga Jimaata Adoolessa (July) 17 bartoota Eegala barmootaa (Prep) irraa hanga Kutaa 10 jiraniif laf-oolmaa dha. Mana barmootaa hin dhufan. Laf-oolmaan (manni

barmootaa hin jirre) kun hojatootni akka itti bartootni Wixata (Monday) Adoolessa (July) 20 irraa qabanii mana taa'anii barachuu itti fufan itti of qopheessaniif kan isaan dandeessisuu dha.

Torban kana keessa bartoota mana barmootaatti eegumsaan isaan barbaachisuuf haala ni mijjeessina. Sagantaan kun bartoota warri/guddistootni isaanii mana irraa barachuuf isaan hin dandeessisnee fi kan haalli kan biroon qindeessamuufii hin dandeenye rakkinni isaan argataa jirtus mana barmootaatti gargaaruun haalli ni mijjeessamaaf.

Karoora kana siif qindeessuu, yoo sagantaa kana barbaadde, mana barmootaa keenya quunnamii.

Akki itti qindeessame kun manneen barmootaa naannoo magaalaa Melbourne fi Mitchell Shire keessa jiraniif hundaaf wal fakkaataa dha.

Wixata (Monday) Adoolessa (July) 20 booda

Wixata (Monday) Adoolessa (July) 20 booda manni barmootaa keenya fageenya irraa barsiisuu itti fufa. Kunis bartoota hunda kan ilaalu yoo tahu garuu kanneen itti aanan kana jijjiiramni kun hin ilaalu:

- bartoota kKutaa 11 fi 12, fi Kutaa 10 sagantaa VCE yookaan VCAL keessa jiraniif
- bartoota mana barmootaa addaatti galmeessamaniif

Bartootni itti aanan kun gara mana barumsaa dhufanii eegumsaa jalatti barachuu danda'u, garuu ammo mana taa'aniis barachuu danda'u:

- Ijoollee warri/ guddistootni isaanii manatti eegumsaa gahaa tahe qindeessuufiin isaan rakkisu, ijoollee warri isaanii barsiisota mana barmootaa mootummaa tahan kan gara mana barmootaatti deebi'uun isaan barbaachisu dabalee,
- Ijoollota gargaarsa hin qabne
- Ijoollota qaamni isaanii dhibamaa tahe, kan mana barmootaatti deebi'anii barachuu filatan

Akkuma Banama Mana Barmootaa 2fa (Term 2) mana taa'anii barachuu qindeessinetti ammas haaluma wal fakkaatu hordofna.

Ijoollotni kee yeroo mana taa'anii barataniitti isaan gargaaruun kan si dandeessisu Dameen marsariitii isaa irratti Mana Taa'anii Barachuu (*Learning from*) kan jedhu as ilaali education.vic.gov.au/homelearning.

Odeeffannoo haarayaan waa'ee coronavirus (COVID-19) fi mana barmootaa waan ilaalu marsariitii Damee Barmootaa fi Leenjii (Department of Education and Training): education.vic.gov.au/coronavirus irra jira.

Qondaalli Fayyaa Victoria (Victorian Chief Health Officer) haguuggoo keeyyachuun yookaan afaan haguugachuun ammatti ijoolleef yookaan namoota gudguddaaf akka hin ajajamin ibsee jira. Akkauma yeroo biro yoo barbaadan barootni mana barumsaa keessatti, yeroo gara mana barumsaa dhufanii fi mana barumsaa irraa galan yoo fedhii isaanii tahe haguuggoo fuulaa keeyyachuu danda'u.

Dhuma irratti yaadachiisni siif qabnu, mucaan kee, yookaan maatii kee keessaa namni mallattoo qaama gubaa, dhaamichiisaa yookaan dafqisiisaa, qufaa, dhukkubbii laagaa keessaa, afuura kutaa, furreessa, foolii yookaan dhandhama dhaghahuu dhabuu yoo qabaatani bakka coronavirus (COVID-19) laalamuu fi manas turuu qaban.

Kun hawaasa mana barmoota keenyaa nageenya isaanii eeguuf hedduu barbaachisaa dha.

Odeeffannoo fayyaa Damee Fayyaa fi Tajaajila Namummaa (Department of Health and Human Services) irraa yoo fedhte as laaluu dandeessa: dhhs.vic.gov.au/coronavirus